



Doktara Daa’ima Keessanii Waliin
Walta'insa Gidduu-seentummaa Dursaa Ijaaruu:

# Gorsa Warra irraa fi Warraaf





Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES



Akka Warraatti, Daa'ima keessan eenyumaan olitti ni beektu. Akkamitti akka isa kolfisiiftan fi akkamitti akka isa tasgabbeessitan ni beektu. Amaloonni ishee gaariin maal akka ta'anii fi maal akka isheen barbaaddu ni beektu.

Kanaafuu, yeroo daa'imni keessan gidduu-seentummaa dursaa fudhatu, doktarri daa'ima keessanii* ciminaa fi fedhii daa'ima keessanii akka beekuuf, fi tajaajila kamtu bu'aa qabeessa akka ta'e hubachuuf gargaaruu keessatti gahee olaanaa qabdu.

Waa'ee sagantaa gidduu-seentummaa dursaa doktara daa'ima keessanii beeksisuu dandeessu, garuu akka inni hirmaatus barbaaduun keessan hin oolu. "Walta'insi Giddu-seentummaa dursaa" doktarootaa fi warra gidduutti yeroo baay'ee hatattamaan hin uumamu. Dhugaa dubbachuuf, yeroo baay'ee walta'insi milkaa'aa ta'e sababii warraatiini – isin – akka ta'u waan gotaniifi!

Gosa walta'iinsaa fi hariiroo doctara daa'ima keessanii wajjin barbaaddan uumuuf tarkaanfiiwwan hedduu isin fudhachuu dandeessan jiru. Kitaabni xiqqaan kun doktora haaraa wajjin jalqabuu fi akkasumas walta'iinsa duraan qabdan fooyyessuuf gorsaa fi yaada kenna.

---

*Salphisuuf jecha "doktara" jedhu fayyadama garuu yaadonni kun kennitoota kunuunsa jalqabaa biroo kan akka ogeeyyii narsootaa, gargaartota hakiimaa fi kanneen biroof illee gargaaruu danda'u.

Amaloonni waliigalaa barbaaduu qabdan muraasni kunooti:

## Dandeettii fi beekumsa kilinikaa

Leenjii fi fedhii addaa fedhiiwwan daa'ima keessaniif barbaachisaa ta'e qabaa yookiin qabdii?

Doktarri guddina daa'immanii, fedhiiwwan addaa yookiin qorannoo addaa irratti fedhii addaa qabu, wanta isin barbaaddan ta'uu mala.

## Muuxannoo

Doktarichi daa'imman biroo kanneen akka daa'ima keessaniitti qorannoo walfakkaataa qaban yookiin walumaa galatti daa'imman guddinaan harkifatan yookiin qaama miidhamummaa qabaniif kunuunsee jiraa?

Muuxannoon akka kanaa doktarri keessan qabeenyaafi tajaajila daa'imni keessan fi maatiin keessan irraa fayyadamoo ta'uu danda'an irratti caalaatti akka beeku gargaara.

## Miira wal kabajuu fi walitti hidhamiinsa qabaachuu

Inni yookiin ishiin namatti dhiyaachuu danda'aa/eessii? Miira gaarii akka sitti dhaga'amu godhaa/gootii? Walitti dhufeenya daa'ima keessan waliin taasifamu ni jaallattuu?

Nama kana fayyaa daa'ima keessaniitti ni amantuu?

Doktarri tokko wanta tokko irratti kan biraa caalaa gaarii ta'uu danda'a. Doktara filachuun ogummaa teeknikaa, dandeettii namoota waliin hojjechuu fi muuxannoo gidduutti madaallii filachuu jechuu ta'uu danda'a.

Isiniif fi daa'imni keessan ammaan kana maal akka isin barbaachisu murteessitu. Wanti isin barbaaddan yeroon booda akka jijjiiramu hubachuu dandeessu.





## Walta'insa uumaa

Doktora daa'ima keessanii wajjin gosa walta'iinsa akkamii akka barbaaddan murteessaa. Kunuunsaa fi tajaajila daa'ima keessaniif ta'u qindeessuu keessatti akkamitti akka hirmaatu/ttu barbaaddu? Murtoo yaalaa fi fayyaa murteessuu keessatti gahee akkamii barbaaddu?

Gosa walta'iinsa kamiyyuu yoo qabaattan, gaaffii gaafachuuf, hubannoo keessan qooduuf miirri gaariin isinitti dhagahamuu qaba, akkasumas isinii fi doktarri qaama garee tokkoo akka taatan isinitti dhaga'amuu qaba.

Dabareen keessan, gaaffii fi yaada doktorichaaf banaa ta'uu qabdu, akkasumas akka qaama garee daa'ima keessaniitti fudhachuu qabdu.

## Fakkeenya ta'aa

Akkamitti akka ilaalamuu barbaaddan fi mucaan keessan akkamitti akka ilaalamu akka barbaaddan fakkeenyaan agarsiisaa.

Yoo dhaggeeffatamuu barbaaddan, akkanuma isinillee dhaggeeffataa gaarii ta'aa. Yoo dokrarri keessan daa'ima keessanitti akka gammadu barbaaddan, isin gammachuu daa'ima keessan irratti qabdan agarsiisaa.

## Hubataa ta'aa

Yeroo baayyee doktaroonni beellama walitti aansuun, daqiiqaa 15 keessatti yookiin sanaa asitti illee qabaachuu qabu. Doktarri gara beellama itti aanutti ce'uuf waan ariifate yoo fakkaate, tarii sirrii ta'uu maltu!

Yoo yeroo dabalataa barbaaddan ishee beeksisaa isheen immoo kana furuuf fedhii qabaachuu qabdi. Yaada addaa yeroo dabalataa argachuuf *Beellama Irraa Faayidaa Guddaa Argachuu* (fuula 6) ilaalaa.

## Doktarri daa'ima keessan guutummaatti akka beeku godhaa

Waa'ee wantoota gaarii akkasumas wanta isin yaaddessanii haasa'aa. Mucaa keessan dinqisiifachuu fi wal baruu akka danda'uuf yookiin dandeessuuf suuraa fi seenaa waliif qoodaa.

## Galata ibsaa

Qaamaan yookiin barreeffamaan galatoomi jedhaa. Doktarri keessan maaltu akka bu'aa qabeessa ta'ee fi hojii gaarii hojjechaa akka jiru yookiin jirtu beeksisaanii.

## Gonga akka ta'etti hin eegiinaa

Hariiroon hundi bu'aa bayii qaba inni kunis akkasuma. Yoo barbaachise jijjiiramaaf fedhii qabaadhaa. Doktaroonnis nama ta'uu isaanii hubadhaatii, waan hunda fooyyessaniif carraa kenniif.

Yoo irra caalaa hakiima daa'ima keessaniitti gammaddan, yeroo rakkisaa keessa hojjechuun caalaatti gatii qaba.

Odeeffannoo yoom jijjiirama gochuu filachuu akka dandeessan ilaalchisee *Doktarootа Jijjiiruuf Murteessuu* (fuula 4) ilaalaa.



## Waliin-dubbii karaa lamaa

Doktara keessan wajjin wal qunnamuu akka waliin-dubbii michoomaa fi kabajaan haasa'uutti yaadaa. Kana jechuun karaa lama waan ta'eef lamaan keessan gaaffii, yaaddoo, milkaa'ina, fi abdii keessan gara waliin-dubbiitti fiduu qabdu.

## Akkaataa itti wal qunnamtan ifa godhaa

Waa'ee kunuunsa daa'ima keessanii akkamitti akka gaariitti akka wal qunnamtan doktara keessan gaafadhaa.

Guyyaa bilbiluudhaaf yeroon gaariin ni jiraa?

Beellama gidduutti gaaffii yoo qabaattan jalqaba narsii waajjiraa waliin akka haasoftan ni filataa/ttii?

Haalli doktorri mana yeroo jiran akka itti bilbiltan barbaadu/ddu jiraa?

Doktarri keessan qunnamtii karaa imeelii ni simataa? Faksiin hoo? Hojmaatawwan biroo hoo?

## Beellama gidduutti gorsa barbaaduun siif mijataa

Beellama gidduutti yaaddoo yoo qabaattan fi doktara daa'ima keessanii irraa deebii akka barbaaddan yookiin akka feetan yoo isinitti dhaga'ame, akka inni yookiin isheen siif bilbilu/tu narsii gaafadhaa.

Yeroo biraa caalaa akka yaaddoo keessa jirtan ibsaa – sababoota ammatti ibsuu hin dandeenyeef – akkasumas kallattiin isa yookiin ishee haasofsiisuu akka barbaaddan ibsaa.

## Calaqqeessuu

Gaaffiiwwan yookiin dhimmoota keessan baay'ee barbaachisoo ta'an irratti mari'achuu dandeessaniittuu? Yoo hin taane, kun isinitti toleeraa moo odeeffannoo isin barbaachisu akkamitti akka argattan karoorri jiraa?

Garee kunuunsa fayyaa daa'ima keessanii keessatti miirri akka hiriyaa ta'uu isinitti dhaga'amee? Yeroo itti aanutti wanti adda ta'e hojjechuu barbaaddu jiraa.



# Doktaroota Jijjiiruuf Murteessuu

Maatii baay'een isaanii doktara daa'ima isaaniitti gammadoodha. Garuu yeroo tokko tokko wantootni akka gaarii hin fakkaatan. Gaaffiiwwan of gaafachuu qabdan muraasni kunooti:

- Akkaataan waajjirri itti geggeeffamu isiniif mijataadhaa?
- Doktarri yeroo isa yookiin ishee barbaaddan ni argamuu?
- Yeroo baay'ee gorsa kennuu fi yaaliiwwan tokko tokko maaliif akka ajajaman bitaa isinitti galaa?
- Yaaddoon keessan akka waan guddaatti akka hin ilaalamne isinitti dhaga'amaa? Kun miira keessan yookiin kan doktora keessanii akka gaaffii keessa galchitanii fi shakkitan isin taasisaa?

Garaa keessan amanaa. Yoo hariiroon sun sirrii ta'ee isinitti hin dhaga'amnee fi fooyyessuu hin dandeenye ta'e, yeroon yeroo itti doktoroota jijjiiruu akka ta'e beekaa.

Karaa qajeelaa raawwachuuf yaalaa.

*"Wanta daa'ima kootiif goote hundaaf galatoomi. Yeroo nu waliin dabarsitan dhugumatti baay'ee dinqisiifanna. Garuu yeroo ammaa kana kun maatii keenyaaf kan mijatu miti – daa'imni koo nama biraa akka argu nan barbaada."*



# Sagantaa Gidduu-seentummaa Dursaa Keessatti Doktara Daa'ima Keessanii Hirmaachisuu

Doktooronni sagantaa gidduu-seentummaa dursaa daa'ima tokkoo keessatti hirmaachuu barbaadu. Haata'u malee, hojiin itti baay'atu ga'ee cimaa akka hin fudhanne isaan gochuu danda'a.

Murtoo gidduu-seentummaa dursaa keessatti doktara keessan hammachuu yoo murteessitanii fi yaada isaa affeertan, walta'iinsa gidduu-seentummaa dursaa akka uumtan hubachuu dandeessu!

Yaadonni muraasni kunooti:

## Beeksisuu

- Doktarri keessan tarreewwan poostaa sagantaalee daa'ima keessanii hunda keessa akka jiru mirkaneessaa.
- Gabaasa irratti mari'achuu barbaaddan beellama irratti fidaa.
- Doktora fi sagantaa gidduu-seentummaa dursaa gidduutti riqicha ta'aa – gaaffii fi yaaddoowwan qabdan gara fuulduraatti as baasaa.

## Affeeruu

Individualized Family Service Plan (Karoora Tajaajila Maatii Dhuunfaa, IFSP) yookiin walgahii garee biroo irratti hirmaachuu akka danda'u yookiin dandeessu gaafadhaa. Waa'ee yeroo fi iddoowwan gaarii ta'an gaafadhaa.

Doktarri keessan guyyoota dhukkubsattootaaf hin beellamamnetti, ganama barii yookiin dhuma guyyaa hojiitti walga'ii irratti argamuuf fedhii qabaachuu danda'a. Walgahii garee waajjira doktara keessaniitti gaggeessuun akka inni hirmaatu salphaa taasisuu danda'a.



# Beellama Irraa Faayidaa Guddaa Argachuu



## Sagantaa baasuu

Yeroo eegaa hir'isuu yoo barbaaddan beellama jalqaba guyyaa sanaa yookiin laaqana booda battalumatti daawwannaa doktara saganteessaa.

Gaaffii yookiin yaaddoo yeroo biraa caalaa yeroo fudhachuu danda'u yoo qabaattean, hojjettoonni waajjiraa beellama dheeraa akka qabaatan gaafadhaa. Doktarri keessan fi hojjettoonni beeksisa dursanii kenname ni dinqisiifatu, yeroo gahaa qabaachuu dhabuu keessaniin mufachuun hedduu isinitti hin dhaga'amu.

## Qophaa'uu

Beellama irraa maal argachuu akka barbaaddan dursaatii yaadaa:

- Gaaffiiwwan keessan, yaaddoowwan keessan fi odeeffannoowwan biroo qooduu barbaaddan tarreessaa.
- Wantoota fayyaa wajjin wal hin qabanne fakkaatu garuu ammas siifi daa'ima keessaniif dhimma qaban fiduun homaa miti.
- Tarree keessan keessaa wanta isiniif baay'ee barbaachisaa ta'e murteessaa.

Doktarri waraabbii gaaffii fi yaaddoo keessanii dursee yoo barbaade/dde gaafadhaa. Beellama dura tarree keessan iimeelii, faksii erguun yookiin gadi dhiisuun, dooktarri gaaffii keessaniif deebii guutuu ta'e akka qopheessu yeroo dabalataa kennuu danda'a.

## Hirmaachuu

Tarree gaaffilee fi yaaddoo keessan jalqaba beellamaa irratti qoodaa. Doktarri kun yeroo daawwannaa kana keessatti maal gochuu akka qabu tarree mataa isaa qabaachuu mala. Yeroo beellamaa kana irratti maal irratti akka mari'attanii fi yeroo booda immoo maal irratti akka mari'attan waliin murteessuu isin barbaachisuu danda'a.

Yeroo beellamaatti wantootni saffisaan socho'uu waan danda'aniif, wanta dubbatame hunda yaadachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Yaadonni yaadachuuf gargaaran muraasni kunooti:

- Yaadannoo qabadhu. Dabtara tokkotti fayyadamuun gaaffii keessan fi deebii beellama hundaa bakka tokkotti barreessaa. Kunis yeroo yerootti odeeffannoo hunda hordofuun salphaa taasisa.
- Nama dhaggeeffachuu fi yaadannoo fudhachuuf gargaaruu danda'u fidaa koottaa – yoo barbaachise immoo si deeggaruu kan danda'u.
- Haasaa keessan teeppiidhaan waraabuu akka dandeessan gaafadhaa.

Yeroo tokko tokko haasawa sana gara yaaddoo keessaniitti deebisuu isin barbaachisa ta'a. Karaaleen kana itti gootan muraasni kunooti:

- Gaaffii gaafadhaa. "Waa'ee maalii yaada kennita..."
- Seenaa waa'ee jireenya daa'ima keessanii keessatti ta'aa jiruu fi irratti mari'achuu barbaaddan tokko himaa. "Guyyaa biraa walgahii IFSP irratti..."
- Salphaamatti mata duree jijjiiraa. "Wanti biraan ani si waliin haasa'uu barbaadu tokko..."
- Doktarri keessan odeeffannoo hubachuuf rakkisaa yookiin ulfaataa ta'e yoo isiniif kenne, booda bilbiltanii gaaffii keessan kaasuu akka dandeessan gaafadhaa.
- Yoo doktarri keessan walgahii IFSP irratti argamu hin dandeenye, dursaatii yaada fi galtee gaafadhaa.

*"IFSP doktara koo keessatti waanan gaafachuuf jiru kana dha. Maal yaaddu?"*

Galtee doktara keessanii garee IFSP waliin qoodaa.

Doktarri keessan tajaajila daa'ima keessaniif barbaachisa jettanii amantan akka argatuuf isin gargaaruu keessatti michuu keessan ta'uu danda'a.

- Waan barbaachisaadha jettanii yaaddan irratti isa haasofsiisaa. Yoo hakiimni keessan tole jedhe, garee IFSP f xalayaa gorsa waliinii keessanii ibsu akka barreessu gaafadhaa.
- Miseensi garee tokko gorsa kenname irratti mari'achuuf bilbiluu akka danda'u doktara keessan gaafadhaa.

### Odeeffannoo dhiyeenyaa

Yeroo daawwannaa daa'ima yookiin beellama biroo, guddina daa'imni keessan sagantaa gidduu-seentummaa dursaa keessatti argachaa jiru doktora keessanitti himaa. Gaaffii yoo qabaattan gaafadhaa, yaaddoo tajaajiloota irratti qabdan kamiyyuu nuuf qoodaa.

Karaan biraan nama gammachiisu fi yaadatamu doktoraaf odeeffannoo dhiyeenyaa kennuu dandeessan suuraa daa'ima keessanii darbee darbee yaadannoo guddina isaa ibsu waliin erguudha:

*"Kunoo intalli koo yeroo irbaataa bashannanaa jirti. Gidduu-seentummaa dursaa keessatti nyaata minjaalaa baay'ee akka nyaattu akkamitti akka ishee jajjabeessuu danda'u baradheera. Kana booda nyaata argitee afaan hin bantu fi hin boossu guddina isheetiifis hin yaadda'u. Gidduu-seentummaan dursaa intala koo waliin hariiroo fooyya'aa akkan qabaadhu na gargaareera, maatii koos na gargaareera – yeroon nyaataa kana booda lola miti! Rifaralaa keessaniif galatoomaa!"*

# Gidduu-seentummaa Dursaaf Abukaatoo Ta'uu

Gidduu-seentummaa Dursaaf iddoo guddaa kennituu? Osoo daa'imni keessan dafee riifer ta'ee ni hawwituu? Doktaronni waa'ee gidduu-seentummaa dursaa caalaatti beekuu qabu jettanii yaadduu? Abukaatoo Gidduu-seentummaa Dursaa ta'uu barbaadduu?

Yeroo baay'ee maatiin abukaatota humna guddaa qabanidha. Muuxannoo dhuunfaa fi seenaa jireenya dhugaa qooddan qabdu – jijjiirama fiduu dandeessu.

Waa'ee barbaachisummaa gidduu-seentummaa dursaa babal'isuuf tarkaanfiiwwan salphaa fudhachuu dandeessan muraasni kunooti:



## Eenyutti akka haasa'u...

Garee beekamaa fi michuu ta'een jalqabaa – waa'ee gidduu-seentummaa dursaa fi akkamitti daa'ima keessan fi maatii keessan akka gargaare maatii fi hiriyoota keessanitti himaa.

Ergaa kana doktora daa'ima keessaniif qoodaa, sana booda ergaa keessan namoota biroof hojii isaa yookiin ishee keessatti akka qooddan dhiheessaa.

Mana Maree Qindeessaa Ejensii keessoo Kaawuntii naannoo keessaniitti makamaa. Namoota biroo fedhii gidduu-seentummaa dursaa qabdan waliin wal argitu. Akkamitti akka itti makamtu Family Resources Coordinator (Qindeessaa Qabeenya Maatii, FRC) keessan gaafadhaa. Yoo FRC hin qabne, 1-800-322-2588 (Family Health Hotline) (Sarara Bilisaa Fayyaa Maatii) bilbiltanii FRC dursaa kaawuntii keessan keessatti gaafachuu dandeessu.

Yoo haasaa ummata duratti gochuun isin gammachiisa ta'e, Paanaalii Maatii irratti argamuun dhiheessi seera qabeessa kennuu yaaduu dandeessu.

## Yeroo dhiheessinu maal jechuu qabna...

Namoonni tokko tokko bu'aa qorannoo gidduu-seentummaa dursaa dhaga'uu barbaadu. Namoota baay'eedhaaf seenaan dhuunfaa sagantaa tokko jireenya guyyaa guyyaa daa'immanii fi maatii irratti jijjiirama akkamitti akka fidu hubachuuf kan nu gargaarudha. Seenaan jijjiirama gaarii akka finnuuf kan nu kakaasudha.

Seenaa yookiin fakkeenyota qabxiilee qorannoo armaan gadii keessaa tokko yookiin isaa ol jireenyatti fidan akkamii qooduu barbaaddu?

## Gidduu-seentummaa dursaa maatiin akka madaqanii fi akka hojjetan gargaara.

Gargaarsi daa'imni keessan argatu maatii keessaniif jijjiirama akkamii fida? Dhiphinaafi yaaddoo tokko tokko ni salphisaa? Hariiroo daa'ima keessanii wajjin qabdan irratti miira gaarii akka isinitti dhaga'amu kan isin gargaaru maal barattan?

## Gidduu-seentummaan dursaa daa'imman bakka dandeettii isaanii akka ga'an gargaara.

Daa'ima keessaniif abdiin keessan maali? Gidduu-seentummaan dursaa akkamitti gargaareera, akkamitti gargaara?

## Sagantaawwan Gidduu-seentummaa dursaa bu'a qabeessa ta'an dafanii jalqabu.

Yeroo jalqabaaf waa'ee daa'ima keessanii maaltu yaaddoo keessan ture? Doktarri deebii akkamii kenne yookiin osoo akkamiin deebii kennee hawwitu? FRC n maatiin tajaajila, qabeenya, maallaqaa fi odeeffannoo quunnamtii akka argatan akkamitti akka gargaaru ibsaa.

## Sagantaawwan bu'a qabeessa ta'an maatii hirmaachisu.

Akkamitti hirmaattu? Waa'ee maalii jaalattu?

Ergaan barbaachisaa: Gidduu-seentummaan dursaa daa'immanii fi maatiidhaaf ni hojjeta. Odeeffannoo dabalataaf, maxxansa *Maaloo Gaafadhu, Daa'imman Hin Obsani* (FS_0032) jedhu kan toora interneetii irratti argamu: **www.dcyf.wa.gov/publications-library/FS_0032**ilaalaa.






## ODEEFFANNOO DABALATAAF:



**Department of Children, Youth, and Families (Kutaa Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii)**


PO Box 40970
Olympia WA 98504-0970
Imeelii: **esit@dcyf.wa.gov**
**www.dcyf.wa.gov**

**Giddugala Odeeffannoo Fayyaa Maatii fi Maatii Sagantaa PAVE Sagalee Maatii Washington**

(253) 565-2266
(800) 572-7368
**www.familyvoicesofwashington.com**
**www.wapave.org**







*DCYF loogii hin godhu, sagantaalee fi tajaajila isaa namoota hundaaf sanyii, halluu, saala, amantii, ilaalcha, haala gaa'elaa, madda sabaa, fedhii saalaa, umurii, haala durii, yookiin argama qaamaa, miiraa kamiyyuu yookiin hir'ina sammuu osoo hin ilaaliin walqixa akka argatan ni dhiyeessa.*

*Maxxansa kanaa bifa yookiin afaan biraatiin kooppii bilisaa yoo barbaaddan, maaloo DCYF Constituent Relations (Hariiroo Hundeessummaa DCYF) 1-800-723-4831 irratti qunnamaa yookiin iimeelii **communications@dcyf.wa.gov**.*

DCYF PUBLICATION FS_0003 | DEL 11-008 OM (08-2023) Oromo